ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: Hagayya 19, 2006

Lakk: 11/ABO/06

ABOn dhugaa tokkicha. Innis kan kaayyoo ganama qabatee ka'e waliin jiru. Dhugaa kana tumsi halagaa fi ololli kamuu jijjiiruu hin dandahu!

Haalli Shanee-Qinijjit yeroo ammaa keessa jiru yaachisaa fi sodachiisaa dha. Sagantaa isaan dhiheenya guddifatan, kan Qinijjit waliinii, ummati Oromiyaa harkatti ajeeffate. Kanaaf sababin kaayyoo dhaabichaa irraa maquu isaanii tahuu beekanillee, sana sirreeffachuu irra, akka saree maraatuu kan argan hunda ciniinuuf gamaa jiru. Kanaaf ragaan qabatamaan, olola dharaa, "Shirrii fi Ololli diinaa UMMATA Oromoo keessatti facaasan ummata Oromoo hooggana ABO jalatti hiriiree qabsoo isaa itti fufuu irraa duubatti hin deebisu!" jedhu dhihoo kana facaasan.

Akeekin olola Shanee-Qinijjit, dhaabota Oromoo dhiibbaa diinaa irraa walaba ta'an dhoqqee dibuu dha. Hoggantoota fi miseensota dhaabota kanaas, maqaa xureessuu fi sobaan yakkuu dha. Hoogganoota ABO, kanneen dantaa Oromoo lubbuu saanii caalaa mararfachuun saanii beekame, maqaa adda addaa itti kennuun xureessuu yaaluu dha. Jaallan isaan maqaa dhahanii, olola irratti oofuu fi oofsisuu yaalan kun, jaallan ibdda qabsoon qoramanii ejjeennoon saanii ititaa ta'uu Oromoo marri waan beekuuf irraa-facisa isaan hin barbaachisu. Murni Shanee-Qinijjit garu, dhaabaa keenya ABOs, baroota dheeraaf Itoophiyoomsuu yaalanii kutannoo fi dura-dhaabbannoo miseensota dhaabichaan injifataman. Kanatu isaan maraachee wawwaachisaa jira.

Osoo dhugaa qabaatanii, waan hojjetaa jiranitti qaanfatanii abba-tokkoota maqaa xureessuuf hin bobba'an turan. Yaada gurgurachuuf mandara halagaa keessa oliif gad jedhaa jiran Oromootti dhiheessanii mari'achiisu turan. Ejjennoo saanii, akka isaan yaadan Oromoof dimimmisaawaa miti, ifaa dhalattuun qayyabatu. Kan isaan jedhan gabaabaatti "gaaffiin Oromoo empayera Itoophiyaa demokraatofte keessatt deebii argata" kan jedhu. Kana gochuuf dhaabota Itoophiyaa duubatti harkiftuu, kan bulcha nugusa-nagastootaa mararfannoon yaadan, tumsa gaafatan. Hoogganni tumsa kanaa wagga waggaan jijjirama. Waggaa kana qabsoo Oromoo naalchanii erga karaa irra buusanii booda, harka qabanii itti kennuun gara barbaadanitti akka qawwisan dabarsanii kennu jechuu dha. "Nutu gaggeessa" jedhanii kan dhaadatan gaggeessaa dhuma raayyaa Itoophiyaa Goobana Daacceen tahee ture sana jechuu dha.

Kanneen isaan haddheeffatan, kannen "gaaffiin Oromoo kan deebii argatu, bara Oromoon mirga hiree sabummaa saa dhugoomfatee, Oromiyaa bilisoomte fi ofiin bultu dhaabu dandahe qofa" jedhan. Kun kaayyoo ABOn naannaa waggaa afurtamaaf ittiin qabsaawaa ture. Akkaataan galii kana bira itti gahamus yeroo adda addaatti ibsamee jira. Waanti qulqullaawuu qabu galii keenya gahuuf gaddeebinee dhaaba mormituu amanamtuu Habashaa hin taanu. Empayera Itoophiyaa haaromsuufis Habashaa fi halagaa hundaaf kakuu hin seennu. Qabsaawaan Oromoo tokko hanga jirutti qabsoo Oromoo bulcha Habashaa jala galchinee inni akka fedhutti akka olii gad oofu hin tolchinu jenna.

Yaada lamaan dhihaatan kana irratti Oromoon ballinaan akka irratti marihatu gochuu irra namoota yaada isaan oofaniin morman haddheessuu yaaluun murna Shanee-qinijjit kun, Oromoo fi qabsoo saa afanfajjeessuu irra darbee bu'aa buusu hin qabu. Kanaaf karaa keenya qoccolloo abba tokkeessaa keessa hin seennu. Yaada wayyaa dha jennu dhiheessinee ummati kan fedhe akka filatu goona. Shanee-Qinijjitis yoo kiyyoo keessa jiru keessaa bahuu dandahee fi yoo qalbii jijjiirrate, hariiroo Itoophiyaa fi Oromiyaa gidduu jiruuf sagantaa amma baafatee ittiin deemaa jiru marii waloof haa dheheessu. Bara hoduun ala qullaa dhaabbattu kana of golganii darbuun hin dandahamu. Akkamitti heera Itoophiyaa jalatti dhaaba Itoophiyaa

tahanii dantaa Oromoo OPDO, WFIDO, ONC faa caalaa kabachiisuu akka dandahan Oromoof ifsuu qabu. Sanumaaf walcaccabsuun garuu namoota tokko-tokkoof aangoo harcaatuu Habashaa irraa hafte argamsiisuuf humna Oromoo qisaasuu dha.

Irra deddeebi'anii "nutti hinaafu" jedhanii of gowwomsu. Hiikaan qooqichaa maal akka tahe wallaaluu irraan kan ka'e nutti fakkaata; malee gocha saanii keessaa kan itti qaana'amu malee kan hinaafsisu akka hin jirre garaan saanii beeka.

Abba tokkoota nu caalaa ummata Oromoo biratti amanamu jedhan fi dhaabota kaayyoo irraa maquu isaanii saaxilu jedhanii sodaatan, sadarkaa diina tokkoffatti fudhatanii hundi akka waliin irratti bobbahu waamicha dabarsu. Osoo qabsaawoti dhimmi saanii qabsoo Oromoo qofa tahe, abba-tokkoota Shanee-Qinijjit maqaa dhahani yakka isaan QBO irratti raawwatan tarreessuu jalqabanii, kan funyaan hin qabachiisne arguun waakkii taha. Sun waan Oromoof dhimma hin baafneef, abalu gantuu ulee diinaati; abalu daagii dha; sun ammoo keettoo dhaa; sun joonjee dhaa; jechuun barbaachisaa miti. Isaanuu maal akka jedhamuu dandahan beeku. Kan "namni mana daawwitii keessa jiraatu, isa kaanitti dhagaa darbachuu hin jalqabu" jedhan kana!

Waa'ee eenyummaa abba tokkoota miseensotaa dubbachuun barbaachisaa yoo tahe, mataa saanii irraa ka'ee hanga miseensota "gumii sabaa" saanii keessa jiranitti, tokko tokkoon saanii, seenaa QBO keessatti qaban akka ummata Oromoof dhiheessan gaafana. Kanneen kaayyoo ganamaatti cichanii jiran caalaa wal beeku jennee amanna. Yoos Oromoon kanneen isaan akka diinaatti dhiheessanii fi kan saanii walbira qabee madaaluu dandaha. Kana malee, nutis gochaa saanii kanaan gad-harkifamnee, akka saanii abba-tokkee maqaa dhoofnee yakka isaa tarreessuutti akka hin dhiddhiibamne gaafanna. Ammaaf, addaddummaa ilaalchaa Shanee-Qinijjit wajjin qabnu malee akka abba tokkeetti yakka saanii dhiheessuuf hanga dandahamutti irraa of qusanna.

Dhuma irratti, ABOn dhugaa tokkicha. Innis kanneen sabboonoti isaan maqaa xureessuu yaalan kun keessatti argaman, kan Oromoo hunduu ittiin boonu. ABO ashkarummaa diinatti galee Oromoon hin beeku; hin fudhatus! Ejjennoo dhaabin keenya ABOn nagaa fi lolaaf qabu, firris halagaanis akka gaariitti beeka. ABOn, akka Shanee-Qinijjit waan itti amannu kiisii lamatti, tokko halagaaf, kaan ammoo Oromoof, baatee hin deemu. Waltajjii kam irratti iyyuu waan itti amanu hin dhoksu. Sagantaa fi ejjennoon isaas hundaaf ifaa dha.

Qabsoon itti fufa!
Injifannoon ni dhufa!

Oromiyaan ni bilisomti!

Adda Bilisummaa Oromoo